

# Bakka kunusitotni gargaarsa barbaadan

Carer Gateway  
An Australian Government Initiative

benevolent SOCIETY

In partnership with *YourSide*



Sargoon, mucaa dubraa isaaf kunuunsa kenna.

Kunuunsaan nama maatii yookaan hiriya qama dhibamaa qaban, dhukubsatoota, dhibee mataa kan qaban, yookaan namoota umriidhaan jaaromanii of dhadhaban gargaaran jechuu dha.

Yoo kununsa kan kennitu tahee fi gargaarsa barbaadde karaa Carer Gateway jedhuu argachuu dandeessa.

## Carer Gateway maali?

Carer Gateway, fuulaa fi fuulaan bilibila irraa fi sararaa interneetaa irraan tajaajila kan kennu, kununsota Australiyaa miliyoona 2.65 kan miindaa malee hojjetan gargaaruu dha.

Carer Gateway tajaajila hedduu kan kennu, akka kununsaattis rakkina guyyuu, kan qalbii fi maallaqaa yaaddoo ati qabdu si gargaaruu danda'a.

## Tajaajila Carer Gateway akkamiin dhimma itti baha?

Carer Gateway irraa tajaajila kan kennu, lakoysa bilbilaa **1800 422 737** irratti bilbiltee, Wixata hanga Jimaataa, sa'aa 8gn(8am) fi sa'aa 5gl (5pm) gidduu itti dubbachuu dandeessa. Hojetaan Carer Gateway, maal akka ati barbaaddu fi tajaajilaa fi gargaarsa argattu si waliin dubbata. Nama afaan siif hiiku waliin itti dubbachuu yoo barbaadde Tajaajila Afaan Hiikaa fi Jijjiirraa **131 450** irratti itti bilbiluu dandeessa. Tajaajilli Afaan Hiikaa fi Jijjiirraa afaan hiiktota afaanota 160 ol dubbataman qaba. Tajaajilli kun guyyaatti sa'aa 24, torbanitti guyyoota 7 guutuu ni jira.

Sararaa interneetaa irraan akka kununsaatti odeeffannoo ilaaluu dandeessu mar-sariitee biyyaalessaa Carer Gateway ([carergateway.gov.au](http://carergateway.gov.au)) ni qaba.

### Carer Gateway tajaajila hedduu ni kenna, kan of keessaa qabus:



#### Leenjii

Muddama qalbii of irraa hir'isuu fi nageenya kee fooyyessachuuf mala haaraa baruu yoo barbaadde kan ittiin of qajeelchitu barmootni leenjii kan si gargaaru mar-sariitee Carer Gateway irra ni jira.



#### Gorsa qalbii (Counselling)

Yoo muddamni qalbii sitti dhagahame, yaaddofte, gaddite yookaan naasuun sitti galte ogeessitotni gorsitootni kan waa'ee yaaddoo keetii sitti dubbachuu danda'an fi si gargaaran ni jiran. Tokkoo -fi- tokko taataanii fuulaa fi fuulaan ogeessa si gorsu waliin naannoo kee keessatti waliin dubbachuu yookaan bilbila irraan mana kee teessee itti dubbachuu dandeessa. Nama afaan siif hiiku waliin itti dubbachuu yoo barbaadde Tajaajila Afaan Hiikaa fi Jijjiirraa 131 450 irratti itti bilbiluu dandeessa.



#### Boqonnaa fudhachuu (Aara-galfachuu) (Respite care)

Boqonnaa yookaan aara-galfachuun yeroo namni kan biroon nama ati kunuunsa godhtuuf si harkaa fuudhee kunuunsuu dha. Yoo kunuunsa godhachuu dadhabde, fakkeenyaaf yoo si dhukube yookaan miidhamte kunuunsa sardamaa (emergency respite) tarii si barbaachisa. Akkasumas dursitee itti qophoftee kunuunsa aara-galfachuus godhachuu dandeessa.



Kunuunsa sardamaa yookaan kan dursamee itti qophawame godhachuuf kan naannoo kee jiru Carer Gateway 1800 422 737 irratti itti bilbili.

#### Kunonsota kaan waliin wal qunnamuu

Yoo qofummaan sitti dhagahame yookaan kununosota kaan irraa gorsa barbaadde Carer Gateway namoota haala si fakaatan keessa jiran waliin wal si qunnamsiisee akka odeessa, beekumsaa fi muuxannoo qabdan waliif hirtan godhchuu danda'a. Namoota kunuunsa kennan fuulaa fi fuulaan wal arguu fi gorsa waliif qooduu fi wal irraa baruuf bakka isiniif mijjatuu dha. Mar-sariiteen Carer Gateway marii sararaa irraa kan kennuu, kan ati kanneen kunuunsa kenna jiran waliin keessatti hirmaattuu dha.

## 'Yeroo fi humni kee baay'een nama kunuunsa kennituuf oola, garuu ati ofii keetiif yeroo fudhachuu si barbaachisa'

Sargoon, mucaa dubraa isaaf kunuunsa kenna.



#### Barmoota sararaa internetaa irraan (Online skills courses)

Kara mar-sariitee Carer Gateway barmoota yeroo gabaabaa kan ogummaa haaraa siif kennu barachuu dandeessa. Barmootni kun kunuunsa ati godhachuu qabdu, nageenya ofii keetii fi muddama qalbii akka itti of irraa eegduu fi dhimmoota seera waliin wal qabatan ogummaa haaraa si barsiisa.



#### Gargaarsa Maallaqaa (Financial support)

Akka kununsaatti tarii gargaarsa maallaqaa argachuu dandeessa taha. Kara Carer Gateway karaan gargaarsa maallaqaa argachuu itti dandeessu akka lamatu jira. Meshaa kununsa kennuuf si gargaaru kan yeroo tokko bitamuuf maallaqa argachuu dandeessa. Akkasumas, maallaqa kununsa bakka buustee boqonnaa ittiin fudhattu, kan baatii kudhalamaaf si gargaaru argachuu dandeessa.

### Carer Gateway akkamiin ani qunnama?

Carer Gateway mar-sariitee biyyaalessaa [www.carergateway.gov.au](http://www.carergateway.gov.au) siif qaba yookaan **1800 422 737** irratti Wixata hanga Jimaataa sa'aa 8gn (8am) fi 5gl (5pm) gidduu itti bilbiluu dandeessa.

[carergateway.gov.au](http://carergateway.gov.au)

Connecting carers to support services